# سُورَةُ الرَّحۡمٰنِ
# Suuraa Rahgmaan

*Dura dursoo suman tun (suuraturrahg-maan) je'amti

قبل كل شي هذه السورة تسمى سورة الرحمن

*Isiin suuraa madiina'aatti tan eega Nabi , Muhammad (Madiinaatti) galee irratti buute .

وهي سورة مدنية

* Aayaanni isiidhaa torbaatamii. saddeeti

وآياتها ( ٧٨ )

*Lakkooysi isiii shantamii shani .

وترتيبها ( ٥٥ )

*Isiin eega Suuraa (rakgdiitii )buute.

نزلت بعد سورة الرعد

*Jalqabni dubbiii maqaa Rabbii rahgmata qabuutii .

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

1}*Rabbiin rahgmaan jemu waaqni rahg-maan jeamu .

ٱلرَّحۡمَٰنُ ١

**2}** *Qur'aana nama barsiisee jira .

عَلَّمَ ٱلۡقُرۡءَانَ ٢

**3}** *Rabbiin waan waa dhagayu,kan waa argu, kan dubbatu, uumee jira .

خَلَقَ ٱلۡإِنسَٰنَ ٣

4}* Rabbiin, takkaa waaqni, nama uume

عَلَّمَهُ ٱلۡبَيَانَ ٤

san akka itti dubbatee, waan garaaa qabu, nama baysisu bersisee jira ,afaan adda addaa barsiisee.sun waan Rabbiin , waan lafarra yaa'u kee ssaa , ilma namaatin qananiise

5}*Adu'uufii,jiine, hgisaaban deeman,

ٱلشَّمۡسُ وَٱلۡقَمَرُ بِحُسۡبَانٖ ٥

Iikkiiin kan hin gufanne, kan hin dogoggorre, kan war hin dhabne, karaa yookaa buruja isaanii keessa deernaaa, bakka qubatan qubataaa ,ajaja Rabbiitin yaaan .

6}*Urji'iifii .mukni dubbii Rabbii dhaga-

وَٱلنَّجۡمُ وَٱلشَّجَرُ يَسۡجُدَانِ ٦

yaniiti ajaja isaa jala deeman Rabbiin urjiiin ,qajeelii karaa kee, samii kee-ssa, deemi jeeenii ,dubbii isaa dhageessee, qajeeltee deemti mukas midhaan dhala jeeeti.ajajee, akka Rabbiin ajajetti dhala (yasjudaani) jechuun: gad je`an, ni dhagayan, jechu'fnajmu) jechuun urjii samii keessa jirtu.ammoo

namni gariin akki jeu (najmu) jechuun mayra sumayyoo qabne kan lafarra saaru jechuu je`a akka afaan arabatti,haa tayuu mukni san ni qabata akka afaan keenyatti .

وَٱلسَّمَآءَ رَفَعَهَا

*Rabbiin samii uumee utubaaan male'etti ol fuudhee, jaarmaya isiii jabeessee jira .

وَوَضَعَ ٱلۡمِيزَانَ ٧

7}*Ammallee Rabbiin, miizaana namaaf godhee jira akka hoggaa kennaniifii, hoggaa fudhatan Iikkiiin kennanii , likkiiin fudhatan

أَلَّا تَطۡغَوۡاْ فِي ٱلۡمِيزَانِ ٨

8}*Wanni Rabbiin miizaana kaayef akka waan saffartan hin irifneeefi.akka namuu haqa ifii, guutuu fudhatee , guutuu namaa kennu' uufi .

وَأَقِيمُواْ ٱلۡوَزۡنَ بِٱلۡقِسۡطِ

*Tanaaf jecha,waan miizaantan, guutaa.

وَلَا تُخۡسِرُواْ ٱلۡمِيزَانَ ٩

9}*Miizaana, takkaa waan miizaantan , hin irisinaa ir'uu namaa kennitanii , guutuu hin fudhatinaa

وَٱلۡأَرۡضَ وَضَعَهَا لِلۡأَنَامِ ١٠

10}*Rabbiin dachii tana gabroottan isaatif uume wanni Rabbiin,dachii balisee.afee.gaara gurguddaa irra dhaabef ,akka khalqiin ,yookaa wanni Rabbiin uume, dachii tana gubbaa qubatanii ,waan Rabbiin dachii gubbaaafii.dachii keessatti uumerraa ,faaydaa buufatuu dandayaniidhafi takkaa irra jiraatuu dandayaniiifi, Rabbiin dachii gubbaaafii.keessatti.waa hedduu namaaf uumee jiraa ,waan sanitti dalagatuun ,qisaasa godhuu dhabuun ,isaanirra jira. akka Rabbiin fedhutti itti dalaguun isaanirra jira .

فِيهَا فَٰكِهَةٞ

*Dachii tanarra takkaa keessa, waan namni asheeta isiiitin qananiu.tan dhamaafii,bifaafii, fooleeen adda addaa heddu'uutu jira,kan akka muuzaa ,burtukhaanaa turungaaa ,hgab hgabii rummaanaa,kan namni dhaabufii, kan namni hin dhaabne,kan akka jilbo`oo .olaadiii , hadaarniii , faaatu jira

وَٱلنَّخۡلُ

*Ammallee muka timiraa, kan karaa maraan itti fayyadmantu j ira.

ذَاتُ ٱلۡأَكۡمَامِ ١١

11}*Timiraa takkaa nakhlii gur'uu midhaanii qabu(akmaam) jechuun: isa dura, muka timirraa keessaa isaa kufraaa , gad bayu , kan eegasii baqaqee daraarut

وَٱلۡحَبُّ
*Ammallee dachi' irra. miidhaan adda ad-daa, kan namni nyaatutujira.kan akka mi-shungaaa, qamadiii, garbu'uu , ajjaaa . ba-aqilaaa boqqoollooo.xaafiii .faaatu ,jira.

ذُو ٱلۡعَصۡفِ
*Midhaan goflee, yookaa Galabaa, yoo-kaa ciidii, yookaa qaraa, horiin nyaatee jiraatun , qabuutu jira

وَٱلرَّيۡحَانُ ﴿١٢﴾
12}*Ammallee wanni,lafa tanarratti nam-aaf uumne waan urgaayaa .kan adda addaati. kan akka wardiii .urgooy-tuuu.kganbarii, shittooo, faadhaa, kana hundaa wanni uumnef namaa jecha .akka ittiin qananianii Rabbii isaan uumee, waan kana isaanii uume, bee-kanii, galata isaaf galchaniidhafi.haatayuu namaafii Jinnilleen, waan argatan kanarratti,Rabbiif galatan galchinee,inumaa akkuma waan Rabbiin,nikgmaa keessajiran,takkaa waan nyaatanii ,dhuganii ,uffatan ,isaanii hin uuminiiti, itti fakkaata . tanaaf jecha , Rabbiin namaafii .jinniiin akki je`e

فَبِأَيِّ ءَالَآءِ رَبِّكُمَا تُكَذِّبَانِ ﴿١٣﴾
13}*Si isin orrni jinniiitifii ilmaannamaa , qananii Rabbiin isinii kenne hedduu san keessaa,tam kijibsiiftan? mee tam Rabbiin nuun uumne jettan? mee tamirratti Rabbiif galata hin galchinu jettan? Rabbiin,eega waan namaafii jinniii jecha uume ,dubbatee, uumaa namaatifii uumaa jinni'irraa dubbatee , akki je`e.

خَلَقَ ٱلۡإِنسَٰنَ
*Rabbiin nama ( aadam ) jearnu ,abbaa keessan, uume

مِن صَلۡصَٰلٖ
*Biyyee bordoda taatee, bukheeffamtee ,eegasi akka suuraa namatti dhawamtee goggoydee qililchitu,

كَٱلۡفَخَّارِ ﴿١٤﴾
14}*Akka okkotee, yookaa waan faara-faararraa dhawanii goggoysanii,hoggaa harkaan tuqan qililchitu godhee, eegasii lubbuu itti afuufee , sossoee , nama taye .akkasitti abbaa namaa ( aadam) Rabbiin uume.(salsaal) (sgalsgaal ) jechuun qililchu, (aadam) biy-yee laaqamtee, dhawamteejabaattee,akka gar iidhaa taate,tan qililchiturraa uumame .

وَخَلَقَ ٱلۡجَآنَّ مِن مَّارِجٖ مِّن نَّارٖ ﴿١٥﴾
**15}***Ammoo Rabbiin (aadarn } dura, jin-ni belbela ibiddaa,kan aarri keessa hin jirreraa uume. (maarij) jechu un: belbela aarri keessa ,hinjirre. Rabbiin aadam biyyeerraa uumee Jinnii ibid-darraa uume.ammoo malaaykaa if a yookaa nuurarraa uume .duuba kun

wanni nu garsiisu dandeytii Rabbii ,tan hangan qabneefii ,tokkummaa isaati .akkuma akkatti , isaan uumun , waan isaanin qananiise ,tayuu beysisu .

فَبِأَيِّ ءَالَآءِ رَبِّكُمَا تُكَذِّبَانِ ﴿١٦﴾

16}*Duuba mee isin nikgmaa Rabbii keessaa, tam moromtan

رَبُّ ٱلْمَشْرِقَيْنِ

*Inni akkasitti is in uumee , isi qananiise sun, Rabbii biya lamaan isinii uumee, adu`uufii jia isinii baa see, ibsattanii dalagattan.

وَرَبُّ ٱلْمَغْرِبَيْنِ ﴿١٧﴾

**17}***Ammallee inni, Rabbii dhiya yookaa lixa,lamaan aduuutifii.ji'aa uumee .adu`-uufii.jia dhiisisu. takkaa seensisu.

فَبِأَيِّ ءَالَآءِ رَبِّكُمَا تُكَذِّبَانِ ﴿١٨﴾

18}*Mee waan Rabbiin keessan isiniin qananiise dila san,keessaa,tam moromtan .takkallee moromuu hin dandeessan jechu'u ,

مَرَجَ ٱلْبَحْرَيْنِ

*Rabbiin bahgara lamaan. miaayaaafii , hadhaayaa , soogiddaa , yaasee j ira.

يَلْتَقِيَانِ ﴿١٩﴾

**19}***Kan bahgarri Jamaan kan bishaan isaa mi`aayufii kan bishaan isaa soog iddaa , wal maddii yaau, kan walittin makhamne.

بَيْنَهُمَا بَرْزَخٌ

*Kan bahara lamaan san jidduun ,girdoon jirtu, takkaa waan adda dhoowwu uumee kaaye.

لَّا يَبْغِيَانِ ﴿٢٠﴾

20}*Bishaan bahgara hadhaayaaa tifii , kan rniaayaadhaa.walitti hin roorrisan, tokko injifatee.walitti hin makhaman Rabbiitu addaan dhoowwaa, kanuma wanni addaan dhoowwu kan laalanii argan hin j irre kanuma yoo laalan wal tuqan . kan kun hadhaa isaatin taa'u, kan kuunis mi'aa isaatin taau. {lbnu kasiir) wanni jeu bahara lamaanitti wanni fedhame ,bahgara hadhaayaaafii rniaayaa .bahgarri hadhaayan bahgaruma laallee garru kana. Ammoo bahg-arri rniaaya n lagootii addunyaadhaa tana, tan namni irraa dhugu girdoon isaan lamaan jiddu'utti Rabbiin uume dachii isaan lamaan jidduu jirtu tan akka bishaan lamaan,walitti makamanii,wal hin balleesineeef, Rabbiin uumee jea.duuba Rabbiin bishaan miaayaaafii, hadhayaa adda eegun .dachii jidduu seensisee qudruma isaatin dantaa teessaniifii ,

21}*Duuba isin qananii Rabbii keessanii tam moromtanii kijibsiiftan .

فَبِأَيِّ ءَالَآءِ رَبِّكُمَا تُكَذِّبَانِ ٢١

22} *Bishaan bahgaraa san keessatti ,rab-

يَخْرُجُ مِنْهُمَا ٱللُّؤْلُؤُ وَٱلْمَرْجَانُ ٢٢

biin IuIuaafii. Murjaana isinii uumee , isinii baasa . akka waan saniin faay-attaniif jecha akkuma dachii keessaa waan nyaattan isinii baase . duuba kan hunda Rabbiin dantee teessaniifuume .

23}*Mee nikgmaa Rabbii keessanii ,tam-itti kafartanii, galata isaa galchuu dhiiftan.

فَبِأَيِّ ءَالَآءِ رَبِّكُمَا تُكَذِّبَانِ ٢٣

24}*Safiinan gurguddoon bahgara keessa

وَلَهُ ٱلْجَوَارِ ٱلْمُنشَـَٔاتُ فِى ٱلْبَحْرِ كَٱلْأَعْلَـٰمِ ٢٤

yaatu ,tan gaara fakkaattuta Rabbiiti Rabbiitu bahgara uumee safiinaa ulfa-attuu san bishaan laafaa san gubbaa deemsise , safiinaa waan ulfaattuu, itti aajamtan,biyya takkarraa , biyya takka , isinii geessitu markaba san, Rabb-iin isinii jecha dalagee

25}*Mee qananii Rabbiin isinii uume, hedduu tana keessaa , tam kijibsiiftan .

فَبِأَيِّ ءَالَآءِ رَبِّكُمَا تُكَذِّبَانِ ٢٥

26}*Wanni dachii tana gubbaa jiru hundi, nama tayuu waan biraa tayuu.ni dhumaa, ni du`aa ,

كُلُّ مَنْ عَلَيْهَا فَانٍ ٢٦

* Rabbii kee qofaatu hafa .

وَيَبْقَىٰ وَجْهُ رَبِّكَ

*Rabbii kee guddaa, wanni iruu taye .ta akka duaa, isaan hin malle .

ذُو ٱلْجَلَـٰلِ

27}*Kan wahayyuufuu, waan itti haaja-mu kennu, kan nama tole .addunyaa afii aakhiraatti guddisee qananiisu.

وَٱلْإِكْرَامِ ٢٧

28}*Mee nikgmaa Rabbii keessanii, tam kijibsiiftan?

فَبِأَيِّ ءَالَآءِ رَبِّكُمَا تُكَذِّبَانِ ٢٨

*Warri sarniiifii lafaa waan haajaman isa gaafatan .

يَسْـَٔلُهُۥ مَن فِى ٱلسَّمَـٰوَٰتِ وَٱلْأَرْضِ

29}* Rabbiin yaroo, yoo halkanii guyyaa

كُلَّ يَوْمٍ هُوَ فِى شَأْنٍ ٢٩

hiruun, dalagaa Rabbiin hoggaa hunda keessajiru, kan waan uumin daganne .kaa waytii hunda,dalagaa waan uumee keessa jira. sun dilii namaa araara-muu .rakkoo dhaa nama baasuu ,nama kana guddisee kaan xiqqeessuu, kana duroomsee kaan hiyyoomsuu kana jiraachisee, kaan ajjeesuu haala kana keessa j ira Rabbiin ,akkana jechuun waan duraan muree dabarse,amma

namaaf mul' isa jechu'u malee,amma lafaa kaasee jalqaba jechu'uu miti. maalif Rabbiin azalitti waan hanga guyyaa qiyaarnaatti argamu'uu taa'u ,hunda ,katabee muree, dabarsee jiraa .fakkeysaaaf, Rabbiin abalu,bakka akkanatti , zamana akkanaa keessa,fayyaa argataa dabarsee, jira . duuba fayaa nama sanii,bakka sanitti mulisuun ,dalagaa Rabbiin keessa jiru. Akkasuma abalu shaaree,abalu shuumun ,balaa namarraa qabee,khayrii namatti as qabuun, nama waan hin beyne barsiisun, rizqii waan uumef halkanii guyyaa hiruun dalagaa rabbi rabbi hoggaa hunda keessajiru kan waan uumen hin dagane

| | |
|---|---|
| 30}*Duuba qananii Rabbii keessanii keessaa , tam moromtan ? | فَبِأَيِّ ءَالَآءِ رَبِّكُمَا تُكَذِّبَانِ ٣٠ |
| 31}*Yaajara lamaan lafa tanarratti ulfaa- | سَنَفْرُغُ لَكُمْ أَيُّهَ ٱلثَّقَلَانِ ٣١ |

ttan, isaan namaafii jinniii, isinitti gara gallee waan isin dalaydan hunda laallee, kan tolee galata galchinee,kan bade qixaaxu'uuf, teenya ,sun guyyaa qiyaama'aatii.kan wanni jinnii tayeefii,wanni ilmaan namaa taye,dirree qiyaama'aa,fuula rabbii duratti walitti qabaman .

| | |
|---|---|
| 32}*Mee nikgmaa rabbi Keessanii tam moromtan gaafas wanni isaanin je'amu: | فَبِأَيِّ ءَالَآءِ رَبِّكُمَا تُكَذِّبَانِ ٣٢ |
| *Yaa ilmaan jinni'iitifii ilmaan namaa | يَٰمَعْشَرَ ٱلْجِنِّ وَٱلْإِنسِ |
| *Yoo azaaba rabbii jala dheysitanii bayou dandeessan, | إِنِ ٱسْتَطَعْتُمْ أَن تَنفُذُوا۟ |
| *Waan sarni'iifii dachii taye keessaa fullaatanii bayuu yoo dandeessan | مِنْ أَقْطَارِ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلْأَرْضِ |
| *Mee bayaa. | فَٱنفُذُوا۟ ۚ |
| 33} * Humna jabdu'uun yoo taate malee | لَا تَنفُذُونَ إِلَّا بِسُلْطَٰنٍ ٣٣ |

sami`iifii dachii keessan,fullaatanii bayuu hin dandeessanii !. duuba eessaa humna azaaba rabbii jalaa baataniin argattan? malaaykan dirree qiyaama'aa san hunda, marsiteeti dhaabbattii. karaan firdii rabbii jalaa dheysitaniin, hin jiru wanni hundi kan rabbiitii, humniti hundi tan rabbiitii .

| | |
|---|---|
| 34}*Mee nikgmaan rabbi keessanii, kan itti kafartan kami ? | فَبِأَيِّ ءَالَآءِ رَبِّكُمَا تُكَذِّبَانِ ٣٤ |
| *Guyyaa qiyaama'aa san, yoo azaaba dheefaf oriitan,malaaykan isiniin naannoytee dhaabbattu, belbela ibiddaa ow'aadhan isin darbatti, | يُرْسَلُ عَلَيْكُمَا شُوَاظٌ مِّن نَّارٍ |

| | |
|---|---|
| *Ammallee sibiila diirnaa maldaya ) je'amu kan arabni (nuhgaas) je'uun ibiddaan ow'isanii, baysanii , mataa nama isinirraa dheysuu gubba'atti naqanii gubanii deebisan , | وَنُحَاسٌ |
| 35}*Namni isinii dirmatu hin jiru . | فَلَا تَنتَصِرَانِ ﴿٣٥﴾ |
| 36}*Mee nikgmaan rabbi keessanii, tam kijibsiiftan. | فَبِأَيِّ ءَالَآءِ رَبِّكُمَا تُكَذِّبَانِ ﴿٣٦﴾ |
| *Gaafa samiin baqayxee, malaaykan bu-ute, warra dirree qiyaama'aa keessa jiruun marsitee dhaabbatu'uujecha . | فَإِذَا ٱنشَقَّتِ ٱلسَّمَآءُ |
| 37}*Duuba samiin ow'i ibiddaa itti dhaabbatee diimattee akka wardi'ii takkaa akka gogaa hallamee taatee diirnatte (maasee) | فَكَانَتْ وَرْدَةً كَٱلدِّهَانِ ﴿٣٧﴾ |
| 38}*Mee qananiin rabbi keessanii tan isin kijibsiiftan tarni? | فَبِأَيِّ ءَالَآءِ رَبِّكُمَا تُكَذِّبَانِ ﴿٣٨﴾ |
| 39}*Gaafa sarniin baqayxee qiyaaman dhaabbatte namni namaafii, jinni'irraa dil-aaye takkaa cubbuu qabu , dilii isarraa hin gaafatamuu, gaafi'iin male'etti, beekkama. fuulli isaa duttaatu'uun . | فَيَوْمَئِذٍ لَّا يُسْـَٔلُ عَن ذَنۢبِهِۦٓ إِنسٌ وَلَا جَآنٌّ ﴿٣٩﴾ |
| 40}*Mee qananii rabbii keessanii, tam moromtanii itti amanuu diddan. | فَبِأَيِّ ءَالَآءِ رَبِّكُمَا تُكَذِّبَانِ ﴿٤٠﴾ |
| *Guyyaa qiyaarna'aa san warri rabbitti balleesse asxaadhan,takkaa alaarnaadhan beekkarnan,akka fuulli isaanii gara gal-u'uu ,takkaa rifatu'uu.fa'aan, beekkamanii. | يُعْرَفُ ٱلْمُجْرِمُونَ بِسِيمَٰهُمْ |
| 41}*Duuba namicha Rabbitti balleesse san .mataaafii, miila qabaniiti, akka nama muka capsutti ,dudda isaa walitti cabsanii , jahannarnitti darban . | فَيُؤْخَذُ بِٱلنَّوَٰصِى وَٱلْأَقْدَامِ ﴿٤١﴾ |
| 42}*Mee akkarnitti qananii rabbitti kafartan odoo kana quba qabdanuu. | فَبِأَيِّ ءَالَآءِ رَبِّكُمَا تُكَذِّبَانِ ﴿٤٢﴾ |

هَٰذِهِۦ جَهَنَّمُ ٱلَّتِي يُكَذِّبُ بِهَا ٱلْمُجْرِمُونَ ﴿٤٣﴾

43}*Hoggaa orma kuffaaraa san, ibiddatti darban, wanni isaanin je'arnu ibiddi kun ,ibidda jahannarn,kan hoggaa addunya'arraa jiran ,ormi kuffaarraa hin jiru je'ee, kijibsiisuu ,turee, hunoo amma dhandhamnii ijaan argan.

يَطُوفُونَ بَيْنَهَا وَبَيْنَ حَمِيمٍ ءَانٍ ﴿٤٤﴾

44}*Warri rabbitti kafare aakhira'atti ibidda jahannarniifii,bishaan akkaan ow'u ,kan dhugan jidduu nanawan ..

فَبِأَيِّ ءَالَآءِ رَبِّكُمَا تُكَذِّبَانِ ﴿٤٥﴾

45}*Mee nikgmaan rabbi keessanii hedduu san keessaa,tarn qeebaluu diddanii rabbitti kafartan.yaa ilrnaan narnaatifii ilrnaan jinni'ii?

وَلِمَنْ خَافَ مَقَامَ رَبِّهِۦ جَنَّتَانِ ﴿٤٦﴾

46}*Nama guyyaa qiyaarnaaa waan hamtu'uun fuula rabbii dura dhaabbatuu soda'aaf,waan hamtuu dhiisee, waan gaarii dalaguuf, jennata lamaatu jira .jannanni tokko,kan isaatii ,tokko kan joolIe'eefii beera isaati ... takkaa jinnanni tokko kan sababaa inni waan hamtuu dhiisef isaafkennarnu .ammoo tokko,kan sababa inni waan gaarii dalageef isaafkennamu .jennanni tokko isaafii wanni isa keessa jirulleen ,meetarraayi,ammoo kuun isaafii,meeshan isalleen .ziqiyarraayi,

فَبِأَيِّ ءَالَآءِ رَبِّكُمَا تُكَذِّبَانِ ﴿٤٧﴾

47}*Mee qananii waaqa keessanii tam moromtanii,itti amanuu diddan?

ذَوَاتَآ أَفْنَانٍ ﴿٤٨﴾

**48}***lannanni lamaan, namni rabbi sodaatu argatu sun sun, kan mukkeen dame heddommaatu,kan dameen hundi firi'iin gad teessu ,kan gaaddi saan nama hagoogu qabu.

فَبِأَيِّ ءَالَآءِ رَبِّكُمَا تُكَذِّبَانِ ﴿٤٩﴾

49}*Mee qananii waaqa keessanii tam moromtanii,itti amanuu diddan?

فِيهِمَا عَيْنَانِ تَجْرِيَانِ ﴿٥٠﴾

**50}** * lannata lamaan san, keessa ,ija bishaanii lamaatu jira.tan olii gad keessa yaatee,mukkeen jannataa san obaaftu, kan mukkeen sun isiidhan dheebuu bayee ,waan miidhan taye hunda dhalu.ijj i lamaan sun, takka (tasniim) je'arnti.takka (salsabiil) je'amti

فَبِأَيِّ ءَالَآءِ رَبِّكُمَا تُكَذِّبَانِ ٥١

51}*Mee jannata rabbii kamitti kafarta. takkaa kijibsiiftan.

فِيهِمَا مِن كُلِّ فَٰكِهَةٖ زَوۡجَانِ ٥٢

52}*Jannata larnaan san keessa, waan asheeta taye hundarraa, gosa lama lamaatu jira,tan namni isii seene ,waan fedhe irraa nyaatu .

فَبِأَيِّ ءَالَآءِ رَبِّكُمَا تُكَذِّبَانِ ٥٣

53}*Mee nikgmaa rabbii keessanii tam moramtan?

مُتَّكِـِٔينَ عَلَىٰ فُرُشِۭ بَطَآئِنُهَا مِنۡ إِسۡتَبۡرَقٖۚ

*Warri jannata lamaan san seene afaa lallaafaa keessi isaa,hgariira furdaa taye rratti .ciqilfatanii qanani`an

وَجَنَى ٱلۡجَنَّتَيۡنِ دَانٖ ٥٤

**54}** *Midhaan mukkeen jannata lamaani warra jannatatti, gad dhiyu'kan dhaabbatufii, kan taa'u. ammallee kan ciisu, hundi harka laatee,guuratuu dandaya.

فَبِأَيِّ ءَالَآءِ رَبِّكُمَا تُكَذِّبَانِ ٥٥

55}*Mee qananii rabbii keessanii tam kajibsiiftan.

فِيهِنَّ قَٰصِرَٰتُ ٱلطَّرۡفِ

*Jannata lamaan san keessa beera takkaa dubra, jaarsa isi'ii malee, nama biraa hin laalle,tan hguurulkgayni) je'am tuutu, warra jannata san,seenef jira.

لَمۡ يَطۡمِثۡهُنَّ إِنسٞ قَبۡلَهُمۡ وَلَا جَآنّٞ ٥٦

56}*Dubra san, isaan dura Namaafii .jinniIleen, hin tuyn'ee,akkuma rabbiin uumetti qadaadda'aan jirtu.

فَبِأَيِّ ءَالَآءِ رَبِّكُمَا تُكَذِّبَانِ ٥٧

57}*Mee qananii rabbii keessanii , tam diddan.

كَأَنَّهُنَّ ٱلۡيَاقُوتُ

*Beerri jannataa sun qulqulummaatti , yaaquuta fakkaatti (yaaquuta) jechuun : waan faayataniin,kan hoggaa diran, kirriin.isa keessa deemtu,mul'attu,akkuma yaaquutaa kan,beerri jnaantaa qulqullumma keessa,odoo hangamuu uffattee ,qaamni isi'ii qulqullummaa keessa dhukka qaamatiitu keessan mul'ata

وَٱلۡمَرۡجَانُ ٥٨

58} * Ammallee beerri jannataa sun diimina keessa akka murjaanati.

فَبِأَيِّ ءَالَآءِ رَبِّكُمَا تُكَذِّبَانِ ٥٩

59}*Mee qananii Rabbii keessanii tam kijibsiiftan

60}*Sijazaan yookaa galanni waan gaa- هَلۡ جَزَآءُ ٱلۡإِحۡسَٰنِ إِلَّا ٱلۡإِحۡسَٰنُ ﴿٦٠﴾

riii, waan gaari'i malee.wahi waan biraatii?namni addunya'arratti .waan gaarii Rabbii je'ee dalage aakhira'atti waan gaarii guddoo Rabbi biraa argata waan gaari'iin Rabbiin galata isaaf galcha

61}*Mee qananii waaqaa tarn kijibsiiftan فَبِأَيِّ ءَالَآءِ رَبِّكُمَا تُكَذِّبَانِ ﴿٦١﴾

62}*Jannata lamaan dubbanne kan warri وَمِن دُونِهِمَا جَنَّتَانِ ﴿٦٢﴾

akkaan tole argate maleejannanni lama kan biraa jirajannanni duraa lamaan kan warri dalagaa gaarii keessatti nama dura dabre ,argatu ,ammoo jannanni lamaan kun,kan warri dalagaa gaarii heddommeysuu keessatti jara duraa sanitti aanu argatu.

63} *Mee qanani waaqaa keessaa keessaa tarni jibsiiftan . فَبِأَيِّ ءَالَآءِ رَبِّكُمَا تُكَذِّبَانِ ﴿٦٣﴾

64}*Jannanni lamaan boodaa kun Muka afii ,mayra heddummaatuu keessa ni gurraachoma .takkaa gurraacha. مُدۡهَآمَّتَانِ ﴿٦٤﴾

65}*Mee qananii waaqa keessanii keessaa tam kijibsiiftan . فَبِأَيِّ ءَالَآءِ رَبِّكُمَا تُكَذِّبَانِ ﴿٦٥﴾

66}*Jannata lamaan boodaa san keessa ,ija bishaanii lama, tan bur qitu,tan bishaan isi'ii addaan hin cinneetujira. فِيهِمَا عَيۡنَانِ نَضَّاخَتَانِ ﴿٦٦﴾

67}*Duuba mee qananii waaqa keessanii tam kijibsiiftan? فَبِأَيِّ ءَالَآءِ رَبِّكُمَا تُكَذِّبَانِ ﴿٦٧﴾

**68}***Jannata lamaan san keessa waan asheeta tayeefii ,timiraafii rummaanatu jira, muka jannataatifii kan addunya'aa maqaadhutu tokko melee dhamaan adda adda فِيهِمَا فَٰكِهَةٞ وَنَخۡلٞ وَرُمَّانٞ ﴿٦٨﴾

69}*Mee nikgmaa Rabbii tam kajibsiiftan فَبِأَيِّ ءَالَآءِ رَبِّكُمَا تُكَذِّبَانِ ﴿٦٩﴾

70}* Jannata lamaan booda kana keessa , beera gaarii, bareeda'aatu jira .tan akka hundati das nama goatu . فِيهِنَّ خَيۡرَٰتٌ حِسَانٞ ﴿٧٠﴾

فَبِأَيِّ ءَالَآءِ رَبِّكُمَا تُكَذِّبَانِ ٧١

71}*Mee qananii Rabbii keessanii tam kijibsiiftan.

حُورٌ مَّقْصُورَٰتٌ فِى ٱلْخِيَامِ ٧٢

72} *Beerri su(hguur) je'ama hguur je-
jechuun tan ija babal'attu jechu'uu beerri sun bayee,olii gad hin deemuu ,mana isaanii ,kan lu'lu'arraa tal fame keessa taa'an.beerri wanni faarfa mu-un mana isi'iitii ayou dhabu ,maalif sun waan if taysuu isi'ii, jabeessuu

فَبِأَيِّ ءَالَآءِ رَبِّكُمَا تُكَذِّبَانِ ٧٣

73}*Mee nikgmaa ,waaqa keessanii, tam kijibsiiftaan?

لَمْ يَطْمِثْهُنَّ إِنسٌ قَبْلَهُمْ

*beeri sun dubraa , ilmi narnaa isaanin wajji hin rafne. xus isaan hin goone

وَلَا جَآنٌّ ٧٤

74}*Jinnilleen hin tuyn'e.takkaayuu waj-jin rafne hin balleessine.

فَبِأَيِّ ءَالَآءِ رَبِّكُمَا تُكَذِّبَانِ ٧٥

75} *Duuba yaa ilmaan namaa namaa .yaa ilmaan jinni'ii mee nikgmaa Rabbii keessanii, tarnitti kafartan.

مُتَّكِـِٔينَ عَلَىٰ رَفْرَفٍ

*Warri jannata san seene, boraatii jannat-arratti ciqilfatan takkaa irkatan

خُضْرٍ

* boraatii ,mammagarroo.

وَعَبْقَرِىٍّ حِسَانٍ ٧٦

76}*Ammallee afaa bareedaa barruu bar-eedduu qaburra .tattaa'anii ,takkaa ciccii-sanii, waan Rabbiin isaanii kenne .daa-w'atanii qanani'an .

فَبِأَيِّ ءَالَآءِ رَبِّكُمَا تُكَذِّبَانِ ٧٧

77}*duuba nikgmaa Rabbii keessaa tam diddan

تَبَٰرَكَ ٱسْمُ رَبِّكَ

*Rabbiin kee waan isaa hin malle hund-arraa qulqullaaye ,barakaan isaa,yookaa khayrin isaa, heddommaatte.

ذِى ٱلْجَلَٰلِ

*Rabbiin kan guddina qabu

وَٱلْإِكْرَامِ ٧٨

78}*Rabbiin kan nama qananiisu takkaa nikgmaa namaa kennu.